## Keeyyata-8 ykn Vaawucharii Mana Jireenyaa Piroojektii Irratti Hundaa’e irratti gargaaruu dandeessuu?

King County Regional Homelessness Authority(Abbaan Taayitaa Mana Dhabuu Naannoo Biyya Kiingi)dhiyeessaa mana jireenyaa miti kanaaf Keeyyata-8 ykn Vaawucharii Mana Jireenyaa Piroojektii Irratti Hundaa'e hin kennu. Waa’ee vaawucharii mana jireenyaa gaaffii yoo qabaattan, maaloo kanneen armaan gadii qunnamaa:

**King County Housing Authority (KCHA)**
(206) 574-1100
kcha.org

**Seattle Housing Authority**
(206) 615-3300
seattlehousing.org

**Renton Housing Authority**
(425) 226-1850
rentonhousing.org

### Maddoota Biroo

**Kutaa Washington 2-1-1**
2-1-1 ykn (800) 621-4636 irratti bilbilaa

**Sarara Fudhannaa Da'oo Maatii**
(206) 245-1026

**Bakkeewwanqaqqabummaa naannoo qindoomina qaban**

- **Siyaatil**
  (206) 328-5900
- **King County Kibbaa – Federal Way**
  (253) 874-6718
- **King County Kibbaa – Renton**
  (425) 523-1377
- **King County Bahaa – Bellevue**
  (206) 328-5900
- **King County Kaabaa – Seattle Kaabaa**
  (206) 694-6833

## Gargaarsa Hatattamaatif

Ombuds (Abbaagar) KCRHA tajaajiloota hatattamaa hin kennu. Yoo balaan hatattamaa lubbuu balaa irraan gahu kan tarkaanfii yaalaa ykn seera kabachiisuu barbaadu isin mudate, maaloo 911 irratti bilbilaa.

Yoo fayyaa sammuu, itti fayyadama wantoota araadaa, ykn yaaddoowwan miiraa wajjiin walqabatee deeggarsa barbaaddan, sararri bilbilaa Qunnamtiiwwan Balaa bilbila keessan simachuuf 24/7 banaadha. (206) 461-3222

**Nuti nama odeeffannoo waa’ee sirna deebii ykn tajaajiloota mana dhabuu barbaadu kamiifuu banaadha.**

## Nu Qunnamaa:

Nuuf bilbilaa:
(206) 639-4601

Iimeelii nuuf ergaa:
ombuds@kcrha.org

Caalatti baruuf, bilbila keessaniin koodii QR kaasaa ykn kcrha.org/ombuds irratti nu daawwadhaa.




# Ombuds Office

Sirna Deebii Mana Hin Qabne King County’s Keessatti Walqixxummaa, Tajaajila Maamiltootaa fi Itti Gaafatamummaa Guddisuu

## Gargaarsaaf as jirra!

Isin Maamila ykn dhiyeessaa tajaajila mana dhabuu wajjin walqabatu King County keessatti?

Waa’ee yaada, yaaddoo ykn komii nama waliin haasoftan isinsi barbaachisa?

Tajaajila mana hin qabne ykn qabeenya kanaan walqabatan waliin wal qunnamsiisuuf isin deeggaruu dandeenyaa?

Isin dhiyeessaa waan taataniif yaada fooyya’iinsa/duubdeebii kennitan qabduu?

## Ombuds Office maalidha?

Sirna deebii mana hin qabne keessatti itti gaafatamummaa guddisuuf odeeffannoo kennuudhaan, yaaddoo furuudhaan, komii qorachuudhaan, fi adeemsa hordofuudhaan fooyya'iinsa King County keessatti qajeelchuuf hojjenna.

## Ombuds Office akkamitti gargaaruu danda'a? Kanneen ni dandeenya:

- Qabeenya mana hin qabne King County keessatti argamu barsiisuu, beeksisuu fi rifaralaa kennuu
- Gaaffii fi yaaddoo waa'ee tajaajila mana hin qabneef deebii kennuu fi karaa al-kallattiin furuuf hojjechuu
- Komii ka'u qorachuu
- Tajaajila sirna mana hin qabne ilaalchisee yaada filattota KCRHA irraa argachuu
- Yaaddoo hawaasaa hoggansa, hojjettoota, fi bulchiinsa KCRHAtti gabaasuu.

## Eenyuun tajaajilla?

- Miseensota hawaasaa sagantaa maallaqa KCRHA'n deeggaramuun tajaajilaman
- Dhiyeessitoota Tajaajilaa KCRHAn maallaqaan gargaaruu
- Hojjettoota ykn kontiraaktaroota KCRHA

## Yeroo waajjira qunnaman maaltu ta'a?

Akkaataa deebii gaarii itti kenninu murteessuuf gamaaggama jalqabaa, fudhannaa fi madaallii isin waliin ni hojjenna. Kunis hubannoo gaarii argachuuf gaaffii gaafachuu kan dabalatu ta'uu danda'a. Tajaajila keenya fooyyessuuf gareen Ombuds hawaasa nuti tajaajillu caalaatti hubachuuf gaaffii dimogiraafii gaafachuus ni danda'a.

## Gaaffiiwwan Irra Deddeebiin Gaafataman

**Dhimma ykn komii kamiyyuu furuu dandeessuu?**

KCRHA Ombuds Office dhimmoota gama afuriin jiran gamaaggamuu, qorachuu fi furuu danda'a:

- **Kenniinsa Tajaajila** – Tajaajila, qabeenyaafi sochii namoota mana dhabuun isaan mudateef kennamu
- **Bulchiinsa Sagantaa** – Itti gaafatamummaa bulchiinsaa KCRHA fi dhiyeessitoota tajaajila waliigaltee qaban kanneen akka bulchiinsa waliigaltee, hordoffii raawwii hojii, seeraa fi qajeelfama kabajuu, fi tajaajila maamiltootaa dabalatee
- **Imaammata** – Murtii, tarkaanfii, pirootokoolii, ykn hojimaata KCRHA ykn tajaajila kennuu waliigaltee qabuun hojiirra oolchu
- **Hojiiwwan biroo KCRHA'n hoogganamu** – Kanneen dabalatee garuu kanneen kanaan hin daangeffamne: Itti gaafatamummaa Kunuunsa Itti Fufiinsa Qabu kan akka Galchuu Qindoominaa ykn Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Mana Hin Qabne (HMIS).

## Qaamaan wal arguun qabaa?

Lakki Ombuds waliin qaamaan wal arguun filannoodha, garuu hin barbaachisu.

## Ombuds galmeen isaa ummataaf yoo mul'ate iccitii koo akkamitti eega?

Akka dhaabbata mootummaatti, Waajjirri Ombuds KCRHA Washington State's Public Records Act(Seera Galmee Uummataa Kutaa Waashingitan) kabajuu qaba. Kana jechuun galmeenOmbuds Office galmee ummataa ta'ee kan ilaalamu yoo ta'u, galmeen kun miseensonni ummataatiin gaafatamuu kan danda'u yoo ta'e, galmeen gaafatame odeeffannoowwan bilisa ta'an ykn akka hin ibsamne dhorkaman yoo qabaate malee.

Galmeen Ombuds Office ummataaf ifa ta'us, iccitii sadarkaa olaanaa danda'ame eeguun itti gaafatamummaa mana hojichaati. Ombuds Office eenyummaa nama iyyannoo dhiyeessuuf waajjiricha qunnamu kamiyyuu hin ibsu, akkasumas odeeffannoo iccitiidhaan kenname kamiyyuu, balaa miidhaa guddaa dhiyeenyatti dhufu furuuf ykn yeroo seeraan dirqama ta'etti malee hin ibsu.

## Maqaa hin beekamneen himannaa dhiyeessu nan danda'aa?

Eeyyee, yoo komii maqaa hin beekamne dhiyeessuuf fedhii qabaattan unka toora interneetii, barreeffama, ykn iimeelii nuuf HIN guutinaa.Maaloo kallattiin (206) 639-4601 irratti bilbila nuuf kennaa.